# Qajeelcha Odeeffannoo Daddabarsaa fi Qisaasama Namaa

## Daddabarsa namaa jechuun maal jechuudha?

Daddabarsi namaa kan uumamu namni tokko fayidaa fedhii qunnamtii saalaaf jecha yookin humna namaa dhiyeessuuf jecha nama kan biraa irratti dhiibbaa yookin to'annaa yommuu gaggeessudha. Akka Seera Minesootatti daddabarsi namaa bifa kamiinuu raawwachuu danda'a. Akka seera federaalatti, ulaagaan daddarsa namaa humna fayyadamuu, gowwoomsuu, nama dhiibbaan irratti gaggeeffamu sana hojii yookiin daldaala saal qunnamtii keessatti akka hirmaatuuf/ttuuf humnaan dirqisiisuu fa'i. Namoonni daddabarsa namaatiif saaxilaman sababa garaa garaatiif haala keessa jiran keessaa bahu hin danda'an.

**Namoota daddabsa namaa kanaaf saaxilaman to'achuudhaaf, namoonni hojii kana irratti hirmaatan maloota addaddaa fayyadamu, garuu kanneen armaan gadiitiin kan hin daangofne:**

- Doorsisuu
- Dirqisiisanii hojjachiisuu fi sodaachisuu
- Miidhaa (xiinsammuu, qaamaa, saal qunnamtii)
- Qofaatti bahuu
- Haaluu, komachuu fi gadi xiqqeessuu
- Fayidaa addaa fi olaantummaa
- Miidhaa diinagdee
- Miira itti gaafatamummaa maatii miidhamaatti geessuu
- Dookumentiiwwan qabanii of bira tursiisuu

***Mallattoon tokko iyyuu daddabarsa namaa agarsiisuu hin danda'u. Waanti baay'ee barbaachisaan karaa ittiin warri nama daddabarsan nama tokko yookin isaa ol irratti to'annoo gdhan duuka bu'uudha.***

## Saamicha jechuun maal jechuudha?

Saamicha jechuun namni tokko fayidaa hin malle irraa argachuudhaaf nama biroo gaafa sodaachisuudha. Qaamni saamicha gaggeessu aangoo harkaa qabaachuu irraa kan ka'e, isa miidhamuu fi isa miidhaa gaggeessu jidduu garaa garummaa aangoo guddaatu jira. Birmadummaa guutuu fi daddabarsa namaa gidduu saamichi akka giddu galeessatti ilaalamuu danda'a. Haalonni kun kan walirra bu'anii fi namoonni dhuunfaa walabummaa fi daddabarsa gidduu yeroo addaa addaatti bakka addaa addaa isaan mudachuu danda'a.

Saamichi daldaala saalqunnamtii kan uumamu namni tokko wantoota gatii qabu jedhee yaade/dde kanneen akka maallaqaa, baala sammuu adoochu, nyaata, bakka jireenyaa, kiraa, yookin gaangiwwan yookin garee gidduutti bakka olaanaa argachuuf jecha saal qunnamtii wantoota kanaan gaafa jijjiirudha. Saamicha humnaa jechuun hojjattoota akka hin mallettetti hojii humnaa hojjachiisuu fi kanneen akka kaffaltii dhorkachuu yookin gatii humnaatiif kaffaluu diduu yookin humna namaa hatuu (gatii karaa seeraan yookin kontiraataan walii galame, kan yeroo dabalataa osoo hin hafin of biratti hambisuu) of keessatti hammata.

## Warri nama daddabarsanii fi bitan eenyudha?

Namni umurii, sanyii, gosa yookin saala kamiyyuu daddabarsaa namaa ta'uu ni danda'a? Daddabarsitoonni namaa miseensota maatii, hiriyaa dhihoo, hiriyaa dhiiraa yookin durbaa yookin dhirsa yookin niitii ta'uu danda'u.

Akkuma warra daddabarsanii, warri bitanis nama umurii, sanyii, gosa yookin saala kamiyyuu ta'uu ni danda'u? Magaala, baadiyyaa fi baadiyyaa walakkaan magaala ta'e irraa dhufuu danda'u. Warri bitan intarneetii, qaaman arganii qunnamtii raawwachuudhaan fi jecha afaanii fayyadamuudhaan qunnamtii saalaa bitatu.

## Warri kanaaf saaxilaman eenyu fa'i?

Namni kamiyyuu daddabarsa namaatiif saaxilamuu ni danda'a? Saaxilamtoonni/warri irraa hafan sanyii, saala, sadarkaa lammummaa, sadarkaa diinagdee hundumaa irraa kan dhufaniidha.

Warri daldaala daddabarsa namaa irratti hirmaatan kan isaan irratti xiyyeefatan namoota dhuunfaa, sababa kamiifuu, to'annaa fi gowwoomsaa isaanitiif saaxilam irratti. Rakkinoonni hawaasaa kanneen akka hoji dhabdummaa guddaa yookin hanqina qabeenyaa warri daddabarsa namaa irratti hirmaatan salphaatti namoota argachuuf haala mijeessuuf. Haalonni saaxilamummaa daddabarsa namaa akka dabalu godhan:

- Hiyyummaa
- Hoji dhabdummaa
- Fedhii saalaa fi eenyummaa saalaa
- Umurii– Daa'imman, dargaggoo, namoota dullooman
- Sadarkaa godaansaa
- Saba xiqqaa
- Miidhaa seenaa
- Hirkattummaa keemikaalaa
- Sadarkaa hir'ina qaamaa
- Mana dhabuu

## Waa'ee daddabarsa namaa akkamittan dubbachuu qaba?

Akkaataan nuti itti haalotaa fi namoota biroo ilaallu, jechoota nuti fayyadamnuun madaalama. Jechoota miira namaa hin tuqnee fi akka isaan miira fudhatamummaa qabaatanii osoo hin qaana'in fuulduratti bahanii gargaarsa isaan barbaachisu akka argatan isaan kakaasu fayyadamuun barbaachisaadha. Jechoota of eeggannoo barbaadanii fi sirrii ta'an, kan saamicha daldaala saalqunnamtii, saaxilamaaa daddabarsa namaa irraa hafe, yookin nama saamicha yookin daldaala namaatiif saaxilame ibsan fayyadamaa.

## Daddabarsa namaa yoon shakke maal gochuun qaba?

- Waa’ee tajaajiloota naannoo keetti argamanii caalmatti baruudhaaf  Iddoo Naanna’insa Dooniin Nagaa Naannoo kee (Safe Harbor Regional Navigator)naannoo keee jiru qunnami (http://www.health.state.mn.us/communities/safeharbor/response/navigators.html) yookin Day One Hotline 1-866-223-1111 irratti qunami.
- Waanta daddabarsa namaati jettee shakkite Biiroo Yakka Balaa (BYB) Unka Tiippii tti gabaasi yookin 1-877-996-6222 irratti BYB dhaaf bilbili yookin  bca.tips@state.mn.us tti email godhi.
- Ati yookin namni ati beektu balaa keessa yoo galtan 911 tti bilbili.

## Wabii

- Iddoo Naanna’insa Dooniin Minesootaa (Minnesota Safe Harbor)(https://www.health.state.mn.us/communities/safeharbor/index.html)
- Miidhaa Guyyaa Tokkoo Minesootaa (Minnesota Day One Crisis )Hotlin - 866-223-1111

*Qajeelchi kan qophaa'e 2016-MU-MU-K153 jalatti Muummee Fayyaa Minesootatiin yoo ta'u, Biiroo Saaxilamtoota Yakkaa [Office for Victims of Crime], Biiroo Sagantaa Haqaa [Office f  Justice Programs], Muummee Haqaa U.S [U.S Department of Justice] irraa badhaasa argateera. Ilaalchawwanii fi yaadonni qajeelcha kan irratti caqafaman kan namoota gumaacha godhanii yoo ta'u dirqamatti yaada biirichaa yookin poolisiiwwan U.S. (Mummee Haqaa) Department of Justice bakka hin bu'u.*